# Seattle Office of Labor Standards

## Barreeffama Viidiyoo Labsii Mirga Hojjettoota Aappi irratti Bu'uureffatan Hojii dhaabsisuu

### Hojjetoonni Aappii irratti hundaa'uun mirga qabu!

Seattle keessatti hojjechuuf aappii bilbilaa ykn kompiitaraa keessan ni fayyadamtuu? Seera hojjetoota humnaa Seattle aappii irratti hundaa'een eegumsa argachuu dandeessu.

Seattle eegumsa hojjetoota aappi irratti bu'uureffataniif seera sadii qaba. Seeronni kunneen aappii hunda irratti ta'uu baatus baay'ee isaanii irratti hojiirra oola.  Seeronni kunneen hojii keessan akka ilaallatu beekuuf odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan: seattle.gov/app-based-worker-ordinances daawwadhaa.

Tokkoffaa, Seerri Kaffaltii Xiqqaa Hojjetaa Appii irratti Bu'uureffatee, hojii isin hojjettan ykn tajaajila isin kennitan keessaa yoo kutaan hojii daangaa magaalaa Seattle keessatti kan raawwatu ta'e dhaabbati appii kaffaltii xiqqaa akka isiniif kaffalu irraa barbaadama. Kaffaltii xiqqaan yeroo isin hojii irratti xumurtanii fi maayilii isin hojii xumuruuf adeemtan dabalata.

Lammaffaa, Seerri Hojjetoota Aappii irratti Bu'uureffatanii Kaffaltii Yeroo Dhukkubaa fi Yeroo Nageenyaa dhaabbati appii dhukkuba ykn dhimmoota nageenyaa kan akka jeequmsa maatiidhaaf yeroo boqonnaa kaffaltii qabu akka isiniif kennu dirqisiisa.  Guyyoota 30 Seattle keessatti hojjettan hundaaf guyyaa tokko kaffaltii dhukkubaa fi yeroo nageenya ni argattu kunis guyyoota Seattle fudhamtanii fi dhuftan ni dabalata.

Amajjii 2025 irraa eegaluun, seerri sadaffaa, Labsii Mirga Hojjettoota Aappi irratti Bu'uureffatan Hojii dhaabsisuu hojiirra kan oolu ta'a. Seerri kun appii lamaan jalqabaa caalaa kanneen biroo baay'ee irratti hojiirra oola, seerota biroo jalatti yoo hin haguugamne ta'ellee mirga hojii dhaabsisuu qabaachuu dandeessuu.

Akkaataa Seera kanaatti, dhaabbatoonni aappii irratti bu'ureffatan osoo hojii isin hin dhaabsisiin dura odeeffannoo barreeffamaa (aappii akka isin guutummaatti hin fayyadamne ugguruu ykn fayyadama keessan daangessuu) isiniif dhiyeessu qabu. Akkasumas sababooti tokko tokko hojii dhaabsisuuf seeraan ala dha.  Dhaabbatichi barreeffamaan isinitti himuu qaba:

- Dambiileen kam yoo cabani dhaabbatichi fayyadama aappii keessan ugguruu ykn daangessuu danda'u
- Yoo hojii dhaabsifamuuf deemtu ta'e:
  - Maaliif hojii akka dhaabsifamtan
  - Dhaabbatichi odeeffannoo akkamii fayyadamee isin dhaabsisuu filannoo isaa godhate (dhaabbatichi galmee kamiyyuu galagalcha isaa isinif kennuu qaba) akkasumas
  - Isin dhaabsisuu isaanii akkamiin falmachuu dandeessu

Dhaabbatichi appii kana ugguruu ykn daangeessuu isaa dura yoo xiqqaate guyyoota 14 dursuudhaan waa'ee dhaabsifamuu keessanii akeekkachiisa isiniif kennuu qaba. Garuu, dhaabbatichi fakkeenyaaf maamila tokko irra miidhaa geessistan jedha yoo ta'e, dhaabbatichi battalumatti hojii irraa isin dhaabsisuu danda'a. Dabalataanis sababoonni biroo dhaabbatichi battalumatti isin dhaabsisuu danda'us ni jiru.

Dhaabbatichi maaliif tajaajila keessan irraa akka dhaabsifamtani akkasumas waan fedhe yoo ta'eyyu dhaabsifamuu keessan falmachuu akka dandeessan isinitti himuu qaba. Dhaabsifamuu keessan yoo falmachuu feetan, dhaabbatichi mormii keessaniif guyyoota 14 keessatti deebii kennuu qaba ykn harkifannaa uumeef isinii ibsuu qaba.

Yoo dhaabbatichi odeeffannoo kana isiniif hin kennine, isin gargaaruu isaanii baruuf Seattle Office of Labor Standards ykn OLS haasofsiisuu dandeessu. Adeemsa dhaabbatichaa hordofuun dhaabsifamuu keessan mormuun baay'ee barbaachisaa dha, yoo kan hin taane ta'e mirga mormuu isin dhabsiisuu danda'u. Dhaabbatichi guyyaa beeksisa jalqabaa tajaajilli keessan dhaabsifame irraa eegalee dhaabsifama ta'e mormuuf guyyoota 90 isiniif kennuu qaba.

Seerri kun sababoota muraasa kanneen akka: yeroo hangamii hojjechuuf akka jirtan, murtoo dhiyeessii fudhachuu ykn diduu keessan, dhaabbaticha waliin haasa'uuf yaaluu, waa'ee haala hojii dhaabbaticha keessaa haasa'uu, mirga seeraa keessan fayyadamuu fi kanneen biroo yoo ta'e isin dhaabsisuun isaanii seeraan ala akka ta'e eera. Fakkeenyaaf hojii walitti aanee dhufe fudhachuu sababa hin barbaanneef yoo diddani, dhaabbatichi sababa kanaaf isin dhaabsisuu hin qabu.

Waxabajjii 1, 2027 irraa kaasuun, OLS sababoota dhaabbatichi itti isin dhaabsise ilaaluun wanta dhaabbatichi hojjete hayyamamuu fi dhiisuu isaa kan ilaaluu ta'a. Waxabajjii 1, 2027 dura, OLS dhaabbatichi adeemsa sirrii hordofee kan isin dhaabsise ta'uu isaa ykn dhaabbatichi mirga keessan sababa fayyadamtaniif (kana haaloo bahuu jennee waamna) tarkaanfii hamaa isin irratti fudhachuu isaa kan ilaaluu ta'a.

Seattle waa'ee dhaabbatoota aaksiyoona raayidii ilaalchisee seera hojiirra oolu hin qabu(yeroo namoota konkolaataan bakka tokkoo fuutanii gara biraatti geessitan, garuu tajaajiloota biroo ykn qaqqabsiisuu kan hin hojjenne ta'e) Bulchiinsi Washingitan seera mirga aaksiyoona raayidii qaba.

Yoo gaaffii qabaattani ykn dhaabbanni isin hojjettaniif seerota kanneen kan hin hordofne ta'e, OLS karaa lakk bilbilaa 206-256-5297 bilbiluu ykn marsariitii www.seattle.gov/laborstandards/investigations/filea-complaint daawwachuu dandeessu.

OLS tajaajila hiika afaanii fi turjumaanaa ni dhiyessa. Tajaajiloonni kunis bilisaa fi iccitiin isaa kan eegame dha. Waajjirichi waa'ee haala immigireeshinii hin gaafatu.